

# **OhioHealth**

## **Beeksisa Waloo Shaakaloota Icciitii Dhuunfaa**

**Beeksisni kun odeeaffannoon fayyaa kee akkamitti faayidaa  
irra ooluu akka maluu fi akkamitti akka ifa godhamu  
akkasumas odeeaffanno kanneen akkamiin argachuu akka  
dandeessu ibsa. Maaloo ofeeggannoodhan keessa deebi'ii ilaali.**

OhioHealth sirna fayyaa kanneen akka hospitaalaa, kilinkaa, giddu-gala fayyaa hawaasaa, kunuunsa fayyaa manaa fi ogeessota kunuunsa fayyaa biroo hedduu kan of keessatti haammatuu dha Beeksisni Waloo Shaakaloota Icciitii Dhuunfaa (Beeksisa) OhioHealth, miseensa ogeessota fayyaa fi dhiyeessitoota hawaasaa waldaa ta'an kanneen kunuunsa fayyaa qindaa'e irratti hirmaatan irratti kan hojii irra oolu dha. kan inni hojii irra oolu tajaajiloota gahee keenyaa keessatti akka dhiyeessaa kunuunsa fayyaatti dhiyaatan qofa irratti malee, kanneen akka gochaalee kunuunsa fayyaa hin taanee kanneen jabina qaamaa, fayya buleessummaa, haala jirenyaa, barnootaa, qacaraa, shaakala atileetikisii fi tajaajiloota uummata irratti hojii irra kan hin oolle dha.

Dhiyeessitoota kunuunsa fayyaa keenyaa kunuunsa qulqullina isaa eeggate dhukkubsataaf dhiyeessuuf waliin hojjetu. Seeran akka eeyyamametti odeeaffannoon fayyaa eegamu, yaalii fayyaa, kaffaltii fi dalagaawan kunuunsa fayyaa raawwachuuf barbaachisaa yeroo ta'e qoodama. Faayidaan Beeksisa kanaa odeeaffanno kee akkamiin akka qoodnuu fi shaakaloota odeeaffanno gooduu biroo dabalataa qooduu keenya akkamitti akka baruu dandeessu sitti himuufi.

Beeksisa kana hospitaala daawwachuuun dura fudhachuu malta yookaan iddooh daawwannaa kee yeroo geessu fudhachuu malta. Walii galtee unka daawwannaa yaalii keessatti, Beeksisa Waloo Shaakaloota Icciitii Dhuunfaa kana fudhachuu kee akka mirkaneessitu ni gaafatamta.

### **I. Odeeaffanno Fayyaa Eegamaa Kee Eeguuf Dirqama Seeraa Qabna.**

Odeeaffanno icciitii fayyaa kee eegun fi beeksisa dirqamoota seeraa fi shaakaloota icciitii keenya akka siif kenninu seeran nurraa eegama. Yeroo odeeaffanno icciitiifayyaa kee cabsine si beeksisuun nurraa eegama. Hanga Beeksisni kuni hojii irra oolaa jirutti, waliigalteewwan isaa kabajuun nurraa eegama. Odeeaffannoowwan fayyaa icciitii nuyiin olkaa'aman hundaaf, mirga waliigalteewwan Beeksisa kana keessaa akka barbaachisaa ta'etti jijiiruu fi beeksisa haaraa qopheessuu qabna. Garagalcha beeksisa haarofame kamiyyuu qajeelcha galmee dhaabbata kanaa irraa fudhachuu malta ykn garagalchi Hoogganaa Icciitii OhioHealth dubbisuudhan argamu mala. Odeeaffanno qunnamtiitif, kutaa VII Beeksisa kanaa ilaali.

### **II. Odeeaffanno Fayyaa Eegamaa Kee Fayyadamuu fi Gadi Dhiisuu (Qooduu) Dandeenya.**

- Eeyyama Kee.** Beeksisa kana irratti akka jala muramettiin ala, yoo ati unkaa itti fayyadamaa fi/ykn ifa gochuu eeyyamu mallatteessite malee, odeeaffanno fayyaa eegamaa kee kaayyoo kamiifiyyuu itti hin fayyadamnu akkasumas/ykn ifa hin goonu. Yoo gochaa kamiyyuu eeyyama kee irratti hundaa'u dalagne irraan kan hafe, mirga fedha kee barreeffamaan haquu ni qabda Itti fayyadamnii fi ifa gochuun odeeaffanno fayyaa eegamaa kee muraasni dursa eeyyama kee barbaadan ni jiru isaanis:

- **Qunnamtiawan Daldala.** Kaayowwan gal mee kanaaf jecha, qunnamtiin daldalaan kanneen armaan gadii hin dabalatu: yoo quunnamtiin kallattiidhan qaamaan si waliin taasifame, salphumatti inni kennaa beeksisaa gatii xiqqaati, yaadachiistuu haaromsa ajaja yaalaati, odeeffannoo waliigalaa yookaan fayyummaati, yookaan qunnamtii waa'ee oomisha yookaan tajaajiloota fayyaa waliin wal qabate kan kallattiin yaalii kee waliin wal qabate kan nuti kenniu dha.
- **Gurgurtaalee odeeffannoo fayyaa eegamaa kee hedduun.** Yoo yaalii yookaan kaayyo kaffaltiitif oole malee yookaan seeraan kan eegamu irraan kan hafe, gurgurtaa odeeffannoo fayyaa eegamaa keetif eeyyama kee ni gaafanna.
- **Itti fayyadamooni fi ifa godhuuwan yaadannoowwan waldhaansa xiinsammuu hedduun.** Yoo seeran eeyyamame ykn gaafatame malee, itti fayyadamoota fi ifa godhuuwan yaadannoowwan waldhaansa xiinsamuu kee hedduudhaf eeyyama kee ni gaafanna.

**2. Waldhaansa.** Akkataa waldhaansa keef barbaachisutti odeeffannoo fayyaa eegamaa kee fayyadamuu fi ifa godhuu malla. Fakkeenyaf:

- Doktaroonni fi narsoonni akkasumas ogeessonni biroo kunuunsa kee irratti hirmaatan odeeffannoo gal mee fayyaa kee fi odeeffannoo waa'ee mallattoo fi bu'aawwan faallaa ati dhiyeessite waldhaansa kanneen akka adeemsotaa, qorichoota fudhataman, qorannoowwan, kkf siif karoorsuf fayyadamuu danda'u
- Odeeffannoo fayyaa eegamaa kee dhaabbata kunuunsa fayyaa kan biroo yookaan ogeessa fayyaa nu waliin hin hoijenneef kennuu malla garuu kanneen yaalii kee irratti hirmaataniiif dha. Fakkeenyaf, yoo erga ati hospitaala gadi dhiistee, kunuunsa fayyaa manatti fudhatta yoo ta'e, karoori kunuunsa akka siif qophaa'uf odeeffannoo fayyaa eegamaa kee ejensii kunuunsa fayyaa manatti siif kennuuf gadi dhiisuu malla.
- Yoo yaalii miidhama jilbaa fudhachaa jirta ta'e, odeeffannoo fayyaa eegamaa kee miseensa ogeessa qoranno yaalaa keef dalagaa kee karoorsuu akka gargaaruf kennuufi malla.

**3. Kaffaltii Waldhaansaa Kee.** Faayidaa kaffaltii ogeessotaa fayyaa fi dhaabbilee tajaajila yaalii dhiyeessaniif akka ooluuf akka barbaachisumaa isaatti odeeffannoo fayyaa eegamaa kee fayyadamuu fi ifa gochuu malla. Fakkeenyaf, odeeffannoo adeemsa fayyaa kee fi yaalaa kee dhaabbata inshuraansii tajaajila kaffaltii yaalaa kee dhiyeessuuf dabarsuufi dandeenya yookaan odeeffannoo kee naga'ee kaffaltii qopheessinee siif yookaan nama kaffaltiidhaf itti gaafatamaa ta'eef erguu malla.

**4. Dalagaawwan Kunuunsa Fayyaa.** Akkataa barbaachisaa ta'etti odeeffannoo fayyaa eegamaa kee akka seeraan eeyyamametti, dalagaa kunuunsa fayyaa kannen akka fooyya'iinsa yaalaa, keessa deebii ogeessaa, too'annaa daldala, beekamtiifi eeyyama kennuu kkf irratti itti fayyadamuu fi ifa gochuu malla. Fakkeenyaf:

- Kaayyoo waldhaansa fayyaa fi kunuunsa yaalamtoota keenyaa fooyyessuuf, odeeffannoo fayyaa eegamaa kee fayyadamuu fi ifa gochuu malla.
- Dhaabbilee kunuunsa fayyaa nu waliin dalaganii fi miseensota kunuunsa fayyaa qindaa'aa dalagaawwan kunuunsa fayyaa fi kanneen kunuunsa yaalii fayyaa qindaa'aa toora qabate gidduutti odeeffannoo fayyaa eegamaa kee fayyadamuu fi ifa gochuu malla.
- Akkasumas odeeffannoo fayyaa eegamaa kee dhaabbilee kunuunsa fayyaa birootti, ogeessota fayaatti yookaan karoora fayyaa kanneen akka qulqullina mirkaneessuu fi too'annoo

dhimmaa jiraniif ifa gochuu malla, garuu yoo dhaabbatichi, ogeessichi yookaan karoorri sun akkasuma hariiroo dhukkubsataa si waliin qaba ta'e ykn qabaate dha.

5. **Qorannoo.** Haala murtaa'aa keessatti, dhimma qorannootiif odeeffannoo fayyaa eegamaa kee fayyadamuu fi ifa gochuu malla. Fakkenyaaf:
  - Dhaabbileen qorannoo bu'aa dhukkubsatoota qoricha murtaa'e fudhatan hundaa walbira qabanii ilaaluu fi galmeewwan fayyaa walitti fufaa keessa deebi'anii ilaaluu fedhoo malu.
  - Dhimmoota fedhiin dhuunfaa kee itti hin gaafatamne hunda keessatti, icciitiin kee ulaagaalee eegumsa icciitiini akkaataa Boordii Gulaallii Dhaabbataatin yookaan boordii iccitti kanneen qorannoo ilaalaniin yookaan bakka buutota qorattootaa kanneen odeeffannoo fayyaa eegamaa fayyaa muraasa fayyadamani fi ifa godhaniin kan eegamu ta'a.
6. **Beellamaa fi Tajaajiloota.** Yaadachiistuu beellama keessanii isiniif dhiyeessuuf yookaan bu'aawwan qorannoo yookaan tajaajiloota birootif si quunnamuu malla. Akkuma kutaa V keessatti ibsame quunnamtiwwan kanneen ilaachisee mirgoota muraasa ni qabda.
7. **Sharikoota Daldalaa.** Qabiyyeen tajaajila keenyaa muraasni nama alaadhaan yookaan dhaabbata nuti quunnamnu kanneen akka shallagdoota, beeksistoota, tajaajila seeraa fi kkf kan dalagamu dha. Yeroo kanatti odeeffannoo fayyaa eegamaa keessan namoota alaa tokko yookaan baay'eef akkasumas dhaabbattoota nu deeggaraniif kennuun dirqama nutti ta'a. Dhimmoota hundaa keessatti, odeeffannoo keessaan kophattirriti eeguuf daldaloota walqabate nu barbaachisa.
8. **Itti Fayyadamuuwwan fi Ifa Godhuuwwan Biroo.** Fedhakeen ala yookiin walii galteen ala odeeffannoo fayyaa eegamaakee fayyadamuu fi mullisuun nuuf eeyyamameera yookaan seeraan nurraa barbaadama.
  - Karaa seeraan barbaadamu kamiinuu odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu dandeenyaa.
  - Gochaalee fayyaa hawwaasaa kanneen akka gabaasota dhukkubaa, miidhama, dhalachuu fi du'uu fi qorannoo fayyaa hawwaasaa barbaachisuuf odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu dandeenyaa.
  - Akkaataa seeraan nurraa eegamutti yoo miidhaa daa'immanii yookaan gatamuu daa'ima shakkinee fi yoo miidhamaa miidhaa, dagatamuu ykn miidhaa mana keessaa taatee jirta jennee amanne, akkataa seerri nurra barbaadutti odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.
  - Galmee madiinummaa mana barumsaa barataatti gadi dhiisuu dandeenyaa, garuu yoo maatiin yookaan guddistuun (yookaan barataan yoo daa'ima umurii xiqlaa hin taane ) gartokkoon afaniin yookaan barreeffamaan irratti walii galeedha.
  - Akka barbaachisummaa isaatti ilaalamii odeeffannoo fayyaa eegamaa keessan hoogansa nyaataa fi dawwaatti galmee haalota nama miidhanii, oomisha hir'uu yookaan waamicha oomishootaatti hirmaachuuf gadi dhiisuu dandeenyaa.
  - Yeroo hojjetaan kee kunuunsa fayyaa siif godha ta'eef gaaffii hojjetaa keen balaa yookaan miidhaa iddo hojiin wal qabate adda baasuu fi haalota hedduu keessatti, beeksistuu odeeffannoon kee akka hojjetaa keetti ifoome kan fudhattu godhamu odeeffannoon fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu dandeenyaa.
  - Yoo seeran dhaabbata mootummaa too'ataa, gamaggama, qorannoowwan taasisuuf gaafatame yookaan yakkamaa qorachuuf ta'e,odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.

- Yoo ajeji mana murtiitinyookaan gaaffiidhoksaa baasuutin gaafatamne, odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla, akkasumas haalota hedduu keessatti yaadachiistuuun gadi lakkisuu akkasii ni argatta;
- Hooggantoota seeraa kabachiisanif akkataa seerri eeyyamutti gabaasa yoo madaan jiraate fi miidhamnii fi yakki raawwatameef odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.
- Kanneen reeffa qorataniif/ yookaan hoogantoota awwalchaa seeraan hojjetaniif odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.
- Yoo kutaa qaama kee keessaa arjoomuun jiraate yookaan qaama kee kan biraan bakka buusuun jiraate akka barbaachisummaa isaatti odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.
- Kaayyowan qorannoowwan murtaa'aniitif fi qorannoowwan sunneen yoo boordii gulaallii dhaabbataatin mirkanaa'aniif barbaadame, icciitiin eegamuu mirkaneessuf akkaataa seerota qophaa'anitin odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.
- Yoo fayyummaa fi nageenya keetif sodaachisaadha jenne shakkine,odeeffannoo fayyaa eegamaa kee yeroo muraasa qofa gadi dhiisuu malla.
- Yoo miseensa loltuu taatee fi tajaajila humna loltuutti barbaachisee fi akkasumas eegumsa biyyaa yookaan dalagaawan basaastummaa keessatti barbaachiseef odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi dhiisuu malla.
- Dhaabbilee beenyaa kennaniif yoo beenyaa hojjetootaa keetif barbaachisaa ta'e, odeeffannoo fayyaa eegamaa kee gadi lakkisuu malla.

### **III. Qophii Kunuunsa Fayyaa Gurmaa'aa.**

OhioHealth caasaa kunuunsa fayyaa gurmaa'aa (OHCA) irratti dhiyeessitoota hawaasaa biroo waliin kanneen akka hospitaalaa fi shaakaloota ogeessota fayyaa kanneen sirna waraabii fayyaa elekitiroonikii fayyadamanii irratti ni hirmaata. OHCA irratti hirmaachuun, odeeffannoo elekitiroonikaa dhiyeessitoota biroo OHCA irratti hirmaatan irraa fudhachuu malla akkasumas waa'ee kee odeeffannoo dhiyeessitoota hirmaatan birootif argaman qopheessuu malla. Nutii fi dhiyeessitooni hirmaatan biroon odeeffannoo kee yaaliif, kunuunsa kee qindeessuf, kunuunsa yaalaa kee kaffaltii barbaaduu fi dalagaa kunuunsa fayyaatif (kanneen akka qulqullina kunuunsa dhiyeessitoota hirmaattota OHCA madaaluu fi fooyyessuuf) fayyadamuu dandeenyaa.

Dhiyeessitooni hirmaattota OHCA dhaabbilee of danda'oo fi dhiyeessitooni hirmaatan kamiyyuu hojjetoota, iddo bu'aa, miiltoo yookaan waliitumsaan kanneen biroo dhiyeessitoota hirmaatan (haalota murtaa'e yeroo dhiyeessitooni hirmaatan walii galtee dhiyeessitoota hirmatan biroo waliin taasisan irraan kan hafe) ta'u hin qabani. Dhiyeessitooni hirmaatan kamiyyuu adeemsa barbaachisaa hunda guutaniif OHCA keessatti kan hirmaatanii fi odeeffannoo dhukkubsataa yaaliif yookaan faayidaa biroof akka seeraan eeyyamametti kan qoodan ta'u.

### **IV. Carraa Itti Fayyadamuuwwan fi Ifa Gochuuwwan Armaan Gadii Diduu (“Opt-Out”)ni qabda:**

- 1. Baafata Dhaabbata Keenyaa.** Maqaa, teessoo yookaan laccoobsa kutaa, haala walii galaa, fi yoo barbaaddeef ilaalcha amantaa kee akka tartiibessuuf hoogganaa dhaabbataa ni gaafanna Odeeffannoo kee kan ati hooggansa kana jalatti akka hin haammamatte gooteen alatti, odeeffannoonaan waa'ee ilaalcha amantaa kee osoo hin dabalatin nama kamiyyuu kan maqaa kee dha'uun gaafateef kan ifa ta'u dha. Odeeffannoonaan kun ilaalcha amantaa kee dabalataa miseensa hoogganaa amantaaf kan dhiyaatu dha. Yeroo galmeetti mirga odeeffannoonaan kee hoogganaa

kanatti akka hin laatamne gaafachuu fi odeeaffannoон kam eenyuuf dhiyaachuu akka qabu dhorkuu dandeessa.

2. **Maatii fi Hiriyoota Kunuunsa Kee Keessatti Hirmaatan.** Haalota murtaa'e keessatti, odeeaffannoон fayyaa eegamaa kee maatii, hiriyyaa fi kanneen biro kunuunsa kee keessatti hirmaatan yookaan kaffaltii kunuunsa kee akka haalli mijatuuf nama si kunuunsu qacarani yookaan kunuunsa keef kaffalaniif yeroodhaa gara yerootti mullifamaa kan adeemu dha. Yoo at ikan hin argamne, kan dandetti isaa hin qabnee yookaan rakkoo fayyaa hatattamaa keessa jiraatte odeeaffannoон fayyaa eegamaa kee mirkaneessa kee fi fedha kee irratti hundaa'uun daangessinee kan qoodnu ta'a. Itti dabalataanis odeeaffannoон fayyaa eegamaa kee daangeffame hawwaasaaf yookaan dhuunfaaf kan eeyyama kunuunsa kee argataniif maatii yookaan namoota biroo hirmaataniif ifa gochuu dandeenyaa.
3. **Maallaqa Walitti Qabuu.** Carraaqqii sagantaa galii walitti qabuu karaa kee ta'uun kanneen si quunnamaniif odeeaffannoон fayyaa eegamaa kee kutaa murtaa'e qofatu itti fayyadama. Odeeaffannoон murtaa'e kuni maqaa, teessoo, odeeaffannoон quunnamtii biroo, umrii, saala, guyyaa dhalootaa, guyyaa kunuunsa fayyaa OhioHealth irraa fudhattee, ogeessa si yaalaa jiruu, qajeelchotaa fi odeeaffannoон bu'aa qorannoo itti dabalees haala inshuraansii kan of keessatti qabatu dha. Odeeaffannoон murtaa'e kana fayyadamuun, carraaqqiwwan galii walitti qabuu keenya irratti akka xiyyeffannu nu godha. Mirga meeshaa/quunnamtii madda galii fudhachuu dhiisu "opt-out" ni qabda akkasumas haaluma kana fakkaatuun maqaa fi teessoo kee gara biroo OhioHealth's Ethics & Compliance, 3430 OhioHealth Parkway, Columbus, Ohio 43202, yookaan gara **CompliancePrivacy@ohiohealth.com** erguun jecha madda galii walitti qabuuf hin fayyadamne yookaan meeshaa yookaan quunnamtii keenyaf mirga qabda.

## V. Odeeaffannoон Fayyaa Eegamaa Kee Ilaalchisee Mirgoota Ati Qabdu

1. **Akkamiin Odeeaffannoон Fayyaa Eegamaa Kee Akka Argattu.** Mirga galagalcha fi/yookaan odeeaffannoон fayyaa eegamaa baay'ee isaa bakka kee buunee qabaannee itti fufuu keenya sakatta'uu danda'uu ni qabda
  - OhioHealth odeeaffannoон yeroo gabaabaa keessatti argachuuf MyChart akka fayyadaman mirkaneessa. Yoo akkaawuntii Mychart hin qabdu taate, karaa: <https://mychart.ohiohealth.com/MyChart/signup> banachuu dandeessa.
  - Gaaffiin kamiyyuu itti fayyadamuuf dhiyaatu barreffamaa fi mallatteeffamee karaa kee yookaan bakka bu'aa kee dhiyaata. Yoo kaffaltii qabaateef dursa kan isiniti himnu ta'a.
  - Yoo galagalchi ergaa akka maxxanfamuuf gaafataniif kaffaltii isin gaafanna fi walitti qabaa yoo gaafattaniif walitti qabaa akkasii qopheessuuf kaffaltii isin gaafanna. Dhaabbata kuusaa muummee fayyaa irraa eeyyama itti fayyadamaa argachuuf dandeessa.
  - Galagalcha odeeaffannoон fayyaa kee elektiroonikaan jiruu kan dhangii elektiroonikaan jiruu argachuuf mirga qabda fi galagalchi kunis nama siin moggaafame, moggaafamni kunis ifaa, fi murtaa'aa kan maqaa fi teessoo email kee waliin xumurame yookaan odeeaffannooon eenyummaa kee agarsiisuu mirga argachuuf ni qabda.
  - Sababa galagalcha odeeaffannoон fayyaa kee bifa elektiroonikaan siif qopheessineef kaffaltii humnaa fi dhiyeessii sirraa fudhanna.

- 2. Jijiirramoota Odeeffannoo Fayyaa Eegamaa Kee.** Yoo odeeffannoona fayyaa eegamaakee dogoggora qaba yookaan sirrachuuf irra deebi'amee haareffamuu qaba jettee yaaddeef barreffamaan mirga gaaffii odeeffannoona fayyaa eegamaakee akka haareffamuu gaafachuu ni qabda
- Dirqama gaaffilee dhiyaatan hundaaf jijjrama gochuu hin qabnu garuu gaaffilee kamiifuu xiyyeffannaan ilaalcha ni goona.
  - Gaaffiin haareffamaa ilaalcha karaa keenya akka argatuuf dirqama barreffamaan, mallattoo kee yookaan bakka bu'aa kee qabaachuu fi sababa maaliif haareffamuun akka barbaachiseef sirriitti ibsuu qaba.
  - Yoo haareffamni yookaan sirreffamni isin gaafattan karaa keenya taasifame, nuti beeksistuu kanneen biroo nu faana hoijjetan akka qaqqabuu fi galagalcha galmee isa hin haarofnee akka isaan qabaatan ni goona, yoo beeksisituun akkasii barbaachisaadha ta'eef.
  - Unka gaaffii haaressuu dhaabbata galmee muummee fayyaa biraa argachuu dandeessa
- 3. Hojii Herreegaa Odeeffannoo Fayyaa Eegamaa Kee Kan Mullifame.** Mirga odeeffannoona fayyaa eegamaa hojii herreegaa karaa keenya kan mullifamee fudhachuuni qabda. Mirgi kunis kanneen akka yaalii, kaffaltii yookaan dalagaa kunuunsa fayyaa irratti kan hojiirra hin oolle dha.
- Gaaffiin dhiyaatu barreffamaan fi mallattoo kee yookaan bakkka bu'aa keetii qabaachuu qaba.
  - Unkaawan gaaffii hojii herreegaa, Qajeelcha Galmeewan Fayyaa dhaabbata kanaa biraa argachuu dandeessa.
  - Hojiin herregaa ji'oota 12 duraa kaffaltii irra bilisa dha; hojii herregaa gaafatte ji'ootuma 12 kana keessatti garuu kan kaffaltu ta'a.
  - Hojiin herregaa guyyaa gaaffii dura ji'oota jahatti ni daangeffama.
- 4. Dhorkaawwan Itti Fayyadamaa fi Ifa Godhuu Odeeffannoo Fayyaa Eegamaa Kee Irra Jiran.** Mirga odeeffannoona fayyaa eegamaa kee yaaliif,kaffaltiif yookaan dalagaa kunuunsaaf fayyadamuu fi mullisuu akka daangeffamuu gaafachuu dandeessa
- Fayidaalee nuti karaa seeraa argannu daangessuu hin dandeessa
  - Unki gaaffii dhorkaa Qajeelcha Galmeewan Fayyaa dhaabbata kanaa biraa argachuu dandeessa.
  - Dhimmoota hedduu keessatti, gaaffii dhorkaa kee irratti walii galuun nurraa hin eegamu, garuu yeroo barbaachisaa ta'etti gaaffii sababa qabeessa ta'e keessumeessuu ni yaalla.
  - Yoo isa dhaabun sirriidha jennee amanne, mirga dhorkiinsa irratti waliigalame addaan kutuu qabna. Yeroo dhimma akkasiitti, si beeksisna.
  - Itti dabatala, beeksistuu barreffamaa siin mallatteeffame yookaan bakka bu'aa kee kan dhaabbata muummee galmee fayyaa ta'ee erguun walii galtee dhorkaa xumuruuf mirga ni qabda,
  - Yoo baasii tajaajilaa hunda ofiikeen kaffalteef, kiisii kee keessaa fi odeeffannoona akka hin engineef tajaajila kanaa inshuraansiif kaffaltii akka hin taasisneef nu gaafatte, gaaffii kee kana hanga odeeffannochi hin barbaachisnetti tajaajiloota kan biroo inshuraansiin kee kaffalchiisuu dhiyeessu ni dandeenyaa
- 5. Qunnamtiwwan Iccitawaa.** Ati yookaan bakka bu'aan kee dhimma odeeffannoona fayyaa eegamaa quunnamtiin wal qabate irratti odeeffannoona nu jalaa eegamee kan filannoo biroo yookaan iddo filannoo biroof Mirga gaaffii dhiyeessuu kan qabduu fi nutis gaaffii sababa quubsaa qabu

kan keessumeessinu ta'a Fakkeenyaaaf, yoo yaadachiistuu beellamaa kee akka ergaa sagalee keessatti hin hafne feete yookaan teessoo dhuunfaatti ergame, gaaffii sababa qabeessa kan fudhannu ta'a. Quunnamtii icciit akkasii barreffamaan yookaan gaaffii kee Qajeelcha Galmeewwan Fayyaa dhaabbata kanaatif dhiyeessuu dandeessa.

6. **Galagalcha Waraqaa.** Yoo gaaffii kee galagalcha isaa karaa imeelii yookaan elekitiroonikii biraa argatte iyyuu, Mirga beeksistuu waraqata galagalcha argachuu ni qabda

## **VI. Yaadachiistuu gadi dhiifamawwan fedhaan ala raawwatamanii**

Gaafa odeeffanno fayyaa eegamaa kee cabe, balaa mudatu irraa akkamiin of eeguu akka dandeessu agarsiisuu beeksisa kana ni fudhatta.

## **VII. Gaaffii fi Komiiwwan**

Yoo gaaffii qabaatte, yookaan Beeksisa kanaan kan wal qabate gargaarsa dabalataa barbaadde, Hoogganuu Iccitii OhioHealth Privacy Officer 3430 OhioHealth Parkway, Columbus, Ohio 43202 irratti quunnamuu, ykn 1-866-411-6181 irratti bilbiluu dandeessa. Yoo mirgi iccitii kee sarbamee jira jettee amanta ta'e yookaan murtoo nuti waa'ee odeeffanno fayyaa eegamaa keetii kennine irratti walii hin galle, kan armaan gadii quunnamuu dandeessa:

- Hoogganuu Iccitii OhioHealth, yookaan
- Barreessaa Qajeelcha Fayyaa fi Tajaajiloota Namaa U.S. Waashigitan D.C. keessa jiru guyyaa itti mirgoonni kee sarbame 180 keessatti barreffamaan quunnamii.
- Komii dhiyeessuu keetin balaan si irra gahu hin jiru.

## **VIII. Guyyaa Hojii Irra Oolu.**

Beeksisni Waloo Shaakaloota Iccitii kun kan inni hojii irra oolu Waxabajii 1,2017. Kan haara'e 3/16/2021.